# Pirojektiin dhabbata “Share Bale Eco Region” eessaa garamitti?

Obbo Asaayyee Asnaaqaa Qindeessaa Dhaabbata “Share Bale Eco Region”ti. Akka Obbo Asaayyeen jedhanitti dhaabbatni “share Bale Eco Region” Naannoo Oromiyaa Godina Baaleefi Arsii Lixaa keessatti kan argamu yoo ta’u, hojii tola ooltummaa Gamtaa Awuroppaatiin taasifamudha.

Pirojektiin kun turtii waggoota sadiifi ji’a afurii qabachuun maallaqa yuuroo miliyoona 5.5 baasii gochuun hojii kunuunsaarratti kan bobba’eedha.

Kaayyoon ijoo pirojektichaa kunuunsa qabeenya uumamaa, lubbuu qabeeyyiifi tajaajila hawaasa gara garaa irratti kan bu’uureffate yoo ta’u, waliigala faayidaa ummataa qabatamaan mirkaneessuuf kan hojjetuudha. Bakkeewwan biroo deeggarsa dhaabbilee barbaadan hedduun jiru.

**Baaleetti akka xiyyeeffattan kan isin taasise maaliidha?**

Baaleen dachee qabeenya uumamaafi bineeldotaan, paarkiilee biyyaalessaa, bosonaan, taa’umsa lafaa qalbii nama hawatuufi gaarrenfi sululawwaniin kan daran miidhagde waan taateef bakkichi filatameera.

Inni lammaffaan bosonni beekamaan Harannaa bakkichatti waan argamuufi bunni bosonaa beekamaan bakka itti argamuudha. Naanawichi gosoota biqilootaa 34 ta’an kan of keessatti qabateefi akka addunyaatti beekamtii kan qabuudha.

Sababiiwwan kanneeniifi kana fakkatanirraa ka’uun dhaabbatni “Share Bale Eco Region” xiyyeeffannoo kennee irratti hojjetaa kan jiru yoo ta’u, kaayyoonsaa namoota sulula biyyattii keessa jiraatan miliyoona 12 ta’aniif dhiyeessii bishaan dhugaatiif haala mijataa uumuudha.

Kana malees bishaan naannawichaarraa biyyoonni ollaa akka Keeniyaafi Somaaliyaa fayyadamoodha. Bu’aalee haala mijataa naannawichaa waliin walqabatanii ka’an burqaan bishaanii 40 ta’an gara garba Hindiitti makamu.

Kanaaf jiruufi jireenya lammiileef daran mijataadha. Haala uumama naannawichaa eegsisuun jiruufi jireenya namoota miliyoona 12 baraaruu akka ta’eedha. Qabeenyi uumamaa kun haalaan eegamuu baannaan qabeenya uumamaa mi’aawoo ta’aniifi fayyadamtummaa lammiilee mirkaneessuu danda’an kanneen dhabuuf adeemna jechuudha.

Bu’uura kanaan dhaabbatni “Share Bale Eco Region” jedhamu kun bakka xiyyeeffannoo godhachuun irratti hojjetaa jira.

**Dhaabbileen garagaraa qofa qofaan jiruufi jireenya hawaasa naannawichaa mijataa taasisuu irratti maaf hanqina godhatani?**

Kanaan dura dhaabbileen mootummaafi mitmootummaa kunuunsa qabeenya uumamaafi misooma qonnaarratti qindoominaan waliin hojjechuuf yaalii taasifameen jijiiramni fooyyee qabu argameera.




Kun ta’us qindoominni waliinii taasifamaa ture laafaa deemuusaarraa kan ka’e galma yaadameen gahuun rakkoo godhateera.

Hojiileen irra jireessi fiixaan bahinsa argatan sekteraafi giddugaleessatti qofa. Yaliin dhaabbileen garagaraa jijjiirama qabeenya uumamaarratti fiduuf qofummaan naannawa Baaleetti taasisaa turan bu’aqabeessa ta’ee waan argameef hojiin qindoominaan hojjetamuu qabu barbaachisaa ta’uun hojiitti akka hiikamu ta’eera.

Sababni lammaffaa naannawichi akka filatamu ta’eef jiruufi jireenyi namoota lafa olka’aarra jiraataniifi kanneen sulula biyyittii keessa jiraatan kan walirratti hirkateedha.

Kun ta’us kunuunsi qabeenya uumamaa jalqaba taasifaamaa ture qindoomina dhabuusaatiin bu’a quufsaa agarsiisuu hindandeenye. Haalli kun ammoo xiyyeeffannoon akka jiraatu kan taasise keessaa isa tokko.

Sababni biraan bakkichi akka filatamu taasise bu’uuraalee misoomaa muraasa mootummaan haguuguu hindandeenye dhaabbatni “Share Bale Eco Region” sakatta’uun fedhii ummataa guutuuf kan yaalaa tureedha.

**Galma gahinsa karoorichaatiif dhaabbileen waliin hojjechuuf qindoomina uuman isaan kami? Waliin hojjechuufis akkamitti waliigalan?**

Hojiin hedduu walta’insa dhaabbataalee gara garaatiin hojjetamanirra caalaan isaanii bu’aa qabeessoodha. Bu’aa qabeessummaa kanas mul’isuuf hojii qoqqooddannee waldeeggaruun xiyyeeffannoon kennameefii ciminaan hojjetaa jirra. Kanumarraa kan ka’e karoora waliinii keenya hawaasa fayyadamoo taasisuuf hojjechaa turre hojiitti hiikneerra.

Dhabbileen hiriyyaa shanan tokkummaan jiruufi jireenya hawaasaafi qabeenya uumamaa kunuunsuun jijjiirama fiduuf hojjetaa turan

“Farm Africa”-Dhaabbata hoogganaa ta’eedha. “International water management Institute, Frunkfurt zoological society, SOS Sahel Ethiopia and population Health and Environment Ethiopia” kanneen jedhamaniidha.

Dhabbataaleen shanan kunneen waggoota 10f naannawa Baaleetti maqaa “Share Bale Eco Region” jedhamuun qindaa'anii jiruufi jireenya hawaasaa mijataa taasisuufi kunuunsa qabeenya uumamaarrtti hojii guddaa hojjetaa turaniiru. Fiixaan bahiinsa karoora isaaniifis dhaabbileen kunniin dhaabbilee mootummaa sadarkaa federaalaarraa hanga gandaatti jiran waliin hidhata uumanii hojjechaa turaniiru.

Hojiin harki guddeessi dhaabbata “Share Bale Eco Region” hanqinaalee mootummaa furuun kunuunsa qabeenya uumamaafi haala mijataa jiruufi jireenya dhala namaatiif uumuuf kan hojjetaniidha. Dhaabbatni kun karoora maatiifi fayyaa irratti ijaarsa dandeettii hawaasaa babal’isuuf kan hojjechaa ture yoo ta’u, qindoomina shananuu keessatti dhimmi korniyaa ijoo irratti hojjetamaa kan tureedha.

**Qindoominni dhaabbilee shanan kanneenii fiixaan bahiinsa karoorichaaf maaliif filatamoo jedhaman?**

Hidhatni sekteraalee gara garaa fiixaan bahiinsa karoora qabameef murteessitoota ta’uun isaanii guddina itti fufaa galmeessisuu keessatti qindoominni murteessaa ta’ee waan argameefi.

Bakkeewwan xiyyeeffannoo olaanaa naannawicha keessatti barbaadan bal’aafi gosoota gara garaa waan ta’aniif bajata olaanaa, yeroofi dhiyeessiilee hedduu kan gaafatan waan ta’aniif qindaahuun booda kutaa qoqqooddachuun hojii karoorfame hariifachiisuuf dandahameera.

Hojiilee hojjetaman kanneen kutaa gara garaa kan akka taa’umsa lafaa, ittifayyadama lafaa, aguuggii lafaa, fayyaa namaafi beeladootaa fa'i. Hojiin qindoomina dhaabbbilee shanan kanneeniin hojjetamu bakkeewwan saditti kan qoqqoodameedha. Isaanis olka’insa lafaa, sululaafi giddugaleessa lafaa irratti.

Bu’uuruma kanaan taa’umsi lafaa hundarrattiifi aanaalee 16n irratti xiyyeeffannoon hojjetamaa kan ture yoo ta’u, rakkoolee ijoo ta’an adda baasuun hidhata dhaabbilee mootummaafi mitmootummaa waliin ta’uun akka furaman ta’eera.

**Kunuunsa qabeenya uumamaa irratti kanneen gufuu ta’an maal fa’i? Jiruufi jireenya hawaasaa jijjiiruuf maaltu hojjetame, pirojektichis akkamiin hordofaa jira?**

Pirojektichi rakkoolee ijoo adda baasaa furmaata laachuu irratti hojjechaa jira. Hayyuuleen qorannoofi qo’annoo gaggeessan naannawa Baaleetti argamuun karoora waliin hojii baherratti deeggarsa akka godhan taasifamaniiu. Kana malees karoora keessatti meeshaalee teknolojii ammayyaatti deeggaramuun hojichi akka mucucaatu taasifnee jirra.

Adeemsuma kanaan karoora qindaahaa bahe kana bu’uura godhachuun ta’umsa lafaa sadeen irratti hojii kunuunsaafi baraaruu hojjechuutti seenuun bu’aa argamsiisneerra. Yaalii jalqabaa gara garaa taasisneen hanqinootaafi ciminoota jiran adda baasnee hojii qulqullina qabu hojjechuu dandeenyeerra.

**Bu’aaleen dhaabbilee shanan kanneen yeroo ammaa galmaa'an maal fa’i?**

Galma gahinsi inni jalqabaa hanqinaalee mootummaan cufuu hindandeenye sakatta’uun akka aguugaman taasifamaniiru. Ijaarsi dandeettii gara garaa qaamota hawaasaa barbaachisoo ta’aniif karaa hiika qabuun gaggeeffameera. Deeggarsi dhiyeessiilee gara garaa hawaasaaf akka raabsaman taasifamaniiru. Yaaliiwwan pirojektichaan taasifamaa turan gara hojiitti akka hiikaman godhamaniiru.

Kunuunsa qabeenya uumamaa irratti ijaarsi dandeettiifi hojiin hubannoo uumuu itti fufinsaan hawaasaaf akka laataman taasifamanii jiru. Hubannoo bu’aa eegicha paarkii irratti hawaasni qabu cimsuufis deeggarsi walirraa hincinne kennameera.

Irra caalaa mala qonnaafi horsiisa beeladaa irratti hojiin hubannoo uumuu akka gaggeeffamu taasifnee jirra. Dandeettiin hubannoo hawaasaa akka cimuufis dhaabbileen, insititiyuutiiwwaniifi istaafiileen gara garaa akka hirmaatan jajjabeeffamaniiru.

***Kutaan lammaffaa torbee itti fufa.***

***Websaayitii kanas daaw'adhaa. http:WWW.Phe-ethiopia.org/pdf/Eco-Region-Final-24042017{1}.pdf***